# سُورَةُ الْبَيِّنَةِ
# Suuraa Bayyina`aa

قبل كل شئ هذه هي سورة البينة
*Dura dursoo suuran tun {suuratulbay-yinah} je'amti.

وهى سورة مدنيـة
*Isiin suuraa madiina'aati .

وآياتها ثمانيـة
*Aayaanni isi'ii saddeeti {8}

وعددها ثمان وتسعون
*Lakkooysi isi'ii sagaltamii saddeeti {98}

نزلت بعد سورة الطلاق
*Isiin eega {suuratuxxalaaqii } buute.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ
*Jalqabni dubbi'ii maqaa rabbii rahgmata qabuutii.

لَمْ يَكُنِ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ
*Warri Rabbii tokkichatti kafare kan warra kitaabarraa taye isaan yahuuda`aafii nasaaraa { kiristaanaa } kitaabni isaanii towraatifii injiilii,warri jara lamaan kanarraa Rabbitti kafare ,yahuudan nama {uzeyri} je`amuun ilma Rabbiiti jettee kafartee ,ammoo nasaaran{iisan}ilma Rabbiiti jetteeti kafartee

وَالْمُشْرِكِينَ
*Ammas ormi mukaafii waan biraa kan akka tabotaa Rabbitti qindeessee, ibaadee kafare,

مُنفَكِّينَ
*Jarri sadeen kun, karaa kufri'ii kan keessa jiran san, warra gad dhiisu hin taane,

حَتَّىٰ تَأْتِيَهُمُ الْبَيِّنَةُ ﴿١﴾
**1}***Hanga ergaan iimaanaa isaanii dhufutti.

رَسُولٌ مِّنَ اللَّهِ
*Ergaan iimaanaa kan isaanii dhufu sun nama Rabbiin isaan,qajeelchu'uu jecha isa-anitti erge,inni nabi Muhammadii ,nageenyi isarratti haa jiraatuu,

يَتْلُو صُحُفًا مُّطَهَّرَةً ﴿٢﴾
**2}***Kan qur`aana , namni waan Rabbiin hin je`in itti ida`urraa,qulqullu'uu isaanirratti qara'u,kan waan isa keessa jiru isaanii himu yookaa dubbisu.

فِيهَا كُتُبٌ قَيِّمَةٌ ﴿٣﴾
**3}***Kan waan nabi Muhammad qara`u san keessa heerri qajeelan jiru, duuba hoggaa nabi Muhammad qur'aana isaa-nirratti qara`u,orma yahuuda`aatifii,orma nasaara`arraa nama waan qu-r`aanni je`u dhugo`oomsee, Rabbii tokkichatti amanuutu jira kan akka

{abdullaahii ibnu salaam} kan mataa ulamaa`ii yahuuda`aa taye, ammas kan akka mootii habasha`aa, kan diinaa nasaara`aa akkaan beekhu, kan qur`aanni irratti qara`amnaan dhugo`oomsee, Rabbi tokkichatti amane kan gaafa inni du`e nabi Muhammad salaatulghaa`ib {salaata janaaza'aa} madiina`arraa habasha`atti irratti salaate, maqaan mooticha sanii {ashg-amaa}.haa tayuu biyya itti awwaalame sanitti {ahmad najaashii} je'ameeti beekkama , ammoo yahuuda`aafii nasaara`arraa gariin,warra waan qu-r`aanni je`u dhugo`oomsuu dide, takkaa waan ergamaan Rabbii dhufeen qeebaluu didee kafareetu jira, namaan Rabbi je`ee, takkaa ilma Rabbiiti je`ee.

وَمَا تَفَرَّقَ ٱلَّذِينَ أُوتُوا۟ ٱلْكِتَٰبَ

*Warri kitaabaa, yahuuda`aafii nasaa ran gariin nabi Muhammad ,dhugo'oomsee itti amanee,gariin,isaanii dhugo`oomsuu didee ,itti kafaruun kun, isaanirraa argamee, akk-atti addaan hin babaane,

إِلَّا مِنۢ بَعْدِ مَا جَآءَتْهُمُ ٱلْبَيِّنَةُ ﴿٤﴾

**4}***Eega ,nabi, Muhammad, ergamee , qur`-aanni,isarratti ,bu'eeyi,malee, maalif odoo nabi muhammad hin ergamin dura,akka yoo nabi Muhammad ergame itti amanan, yahuuda`aafii nasaaran hundi irratti walii galanii jiran,ammoo eega ergamee, akkamitti Muhammad nurraa tayuu oolee arabarraa taye je`anii, itti amanuu didan.

وَمَآ أُمِرُوٓا۟ إِلَّا لِيَعْبُدُوا۟ ٱللَّهَ

*Yahuuda`aafii nasaaran,kitaabban isaanii tawraatifii injiil keessatti waan biratti hin ammaramne,hin ajajamne, Rabbii tokkicha ibaaduu malee, yookaa tokkummaa isaa yaaduu malee,

مُخْلِصِينَ لَهُ ٱلدِّينَ

*Diinaa isaanii,Rabbiif qulqulleessanii, kan isatti waan qindeessine, kan ilmaa abbaa tayuu isaa hin yaanne,

حُنَفَآءَ

*Isaanii jallina dhiisee, gara haqaa jallatu,

وَيُقِيمُوا۟ ٱلصَّلَوٰةَ

*Ammallee salaata salaatanii Rabbiif gad je'uudhatti ajajaman,

وَيُؤْتُوا۟ ٱلزَّكَوٰةَ

*Ammallee zakaa baafatu'utti ammaraman, yookaa ajajaman,

وَذَٰلِكَ

*Duuba waan itti ajajaman saniin dhaa-bbatuun.

دِينُ ٱلْقَيِّمَةِ ﴿٥﴾

**5}***Diinaa qajeelaa.Duuba yahuuda`aafii nasaaran,waan rabbiin tawraatifii, injiil ke-essatti,itti isaan ajaje ,dhiisaniiti ,akkamiin

nabi Muhammad nurraa tayuu oole , je’anii, kafaran

إِنَّ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ مِنْ أَهْلِ ٱلْكِتَٰبِ وَٱلْمُشْرِكِينَ

*warri yahuuda’aafii nasaara’arraa nabi muhammaditti kafare, akkasuma warri yahuuda’ aafii,nasaaraa malee jiru, kan nabi Muhammad, dhugo’oomsuu didee ,rabbitti kafare.

فِي نَارِ جَهَنَّمَ خَٰلِدِينَ فِيهَآ

*isaan warra ibiddaa, kan zalaalamii keessaan baane.

أُوْلَٰٓئِكَ هُمْ شَرُّ ٱلْبَرِيَّةِ ٦

**6}***isaan irra hamaa waan rabbiin uumeti .waan rabbii isaan uume dhagayuu didaniif .kan wanni biraa hundi dubbii isaa dhageessu.

إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Ammoo, warri rabbitti amanee waan nabi Muhammad dhufeen hunda dhugo’oomsee ,waan gaarii namaa sa’aa tolu dalage

أُوْلَٰٓئِكَ هُمْ خَيْرُ ٱلْبَرِيَّةِ ٧

**7}***isaan irra gaarii waan rabbiin uumeti.

جَزَآؤُهُمْ عِندَ رَبِّهِمْ جَنَّٰتُ عَدْنٍ

*sawaabni isaanii,yookaa galanni isaanii ,rabbii isaanii biratti jannata keessa qubatan .

تَجْرِي مِن تَحْتِهَا ٱلْأَنْهَٰرُ

*jannata.yookaa masnoo manootii isi’ii jala, lagootin hedduun olii gad keessa yaatu .

خَٰلِدِينَ فِيهَآ أَبَدًا

*kan zalaalamii qananii jannataa san keessa taa’anii , qanani’aniin

رَّضِيَ ٱللَّهُ عَنْهُمْ

*Rabiin warra isatti amanee , waan gaarii dalagerraa ,jaalatee jira,waan isaan dubbii isaa dhagayaniif wanni jaalala rabbii argatu’urra caalu, hin jiruu.

وَرَضُواْ عَنْهُ

*Warri rabbitti amanee waan gaarii dalage sunis,rabbirraa jaalatan takkaa akkaan gammadan waan jannata seenanii jaalala rabbii isaanii argataniif

ذَٰلِكَ لِمَنْ خَشِيَ رَبَّهُۥ ٨

**8}***Akkasitti jannata seenanii jaalala Rabbii argatuun,sawaaba ,nama ,qixaaxa ,Rabbii, sodaatee,waan inni dalagi je`een dalagee, waan inni dhiisi je`een dhiisuti Rabbiin warra akkanarraa nu haa godhuu.